Odeeffannoo STD

Pubic Lice (“Crabs”) and Scabies - Oro

Silmii Torbaanqabaa riffensa nannoo qaama saalaa keessa jiraatu fi Cittoo nannoo qaamaa saalaatti dhalatu
(torbaanqabaan kun *Phthirus pubis* waan jedhamuu yammuu dhufu cittoon sun immoo silmii *Sarcoptes scabiei* jedhamuun dhufa)

AASXESSA FI MUL'ATA

Mul'ata Cittoo fi silmii torbaanqabaa nannaaoo qaamaa saalaa:

- Hedduu hooqisisa
- Al tokkoo tokko cittoon kun naannoo qaamaa isa rifeensa qabuutti ni mul'ata

HAALA DADDARBIINSA ISAA

Cittoon naannoo qaama saalaa haala armaan gadiitiin daddarba:

- Quunnamtii saalaatiin
- Qaamaan walitti bubbu'uudhaan
- Fooxaa, mana fincaanii ykn uccuu irribaa lakkafameen

XAAXAWWAN/BOODDEE

Yoo utuu hin wal-dhaanamin hafe cittoon kun:

- Rifeensaa naannoo qaama salaarra bakka rifeensa qaamaa birootti daddarba
- Cittoon isaa immoo gara matiitti ni daddarba

ITTISA

Odeeffannoo daddarbiinsa torbaanqabaa fi cittoo xiqqeessuuf fayyadan:

- Yoo qabamuu kee shakkite dooktora bira ykn dhiyeessitoota meedikaalaa bira dhaqiiti ilaalami
- Lakkoobsa namoota quunnamtii saalaa waliin gootu xiqqeessi
- Yoo qabamte, nama quunnamtii saalaa sii waliin godhu beeksisi
- Namootni quunnamtii saalaa waliin godhanii dhibee kanaan qabaman hundi waldhaanamuu qabu
- Nama dhibee kanaan qabame waliin fooxaa, ucuu akkasumas siree hin hirmaatin

DAWAA/YAALA

Dawaa Cittoo fi silmii Torbaanqabaa:

- Dawaa dooktora biraa ajajamuun ajjeefamuu ni danda'a
- Uccuu hundumaa fi uffata siree bishaan danfisii miicci
- Meeshaa mana keessaa qulqulleessi
- Namoota waliin quunnamtii saalaa godhan hunda wal-faana waldhaani

HUBADDHU: Nammi al-tokko qabamee erga fayye booda deebisee qabamuu ni danda'a.

ODEEFFANNOO KANARRAA YOO BARBAADDE TEESSOO ARMAAN GADIITIIN QUUNNAMI:

Infectious Disease Epidemiology, Prevention and Control Division
STD and HIV Section
Minnesota Department of Health
P.O. Box 64975
St. Paul, MN 55164-0975
(651) 201-5414; (651) 201-5797 TTY
www.health.state.mn.us

Daandii hatattamaa Karoora Maatii Minnesotaa
(Minnesota Family Planning and STD Hotline)
1-800-783-2287 Sagalee/TTY
(651) 645-9360 (Magaalaa)
www.stdhotline.state.mn.us

Daandii hatattamaa kan mootummaa guutuu CDC, STD tiifi AIDS
(CDC National STD and AIDS Hotlines)
1-800-232-4636; 1-888-232-6348 TTY
www.cdc.gov

Kutaa Fayyaa Minnesota Department of Health, STD and HIV Section - Amajjii 2006